Kabajamoo Warraa/Guddisee/ Kunuunsitu,

Akkuma tarii irraa quba qabdan manni barmootaa keenya Sagantaa Doktorota Mana Barmootaa Sadarkaa Lammaffaa Mootummaa Victoriya keessatti fo'amuu isaatiin milkaawee jira.

Akka qaama sagantaa kanaatti Doktorri Fayyaa (GP – general practitioner) mooraa mana barmootaa keessatti argamuudhaan bartoota mana barmootaa keenya kan sadarkaa lammaffaaf eeggannoo fayyaa sadrakaa duraa kennu.

Ijoollee saafelli (teenagers) yeroo hedduu gara Dokotora Fayyaa (GPs) akka hin dhaqnee, fi rakkoon fayyaa hedduun kan gaafa nama guddaa tahan garuu akka mudachuuf jiru ni beekna. Sagantaan kun dhimma kana ibsa.

Waa'ee sagantaa kanaa mucaa keetti dubbachuudhaan kan yoo eeggannoo fayyaa sadarkaa duraa kana isaan barbaachise akka Doktora Fayyaa (GP) arganiif jajjabeessuudhaan sagantaa kana milkeessuu dandeessa. Bartootni ofuma isaaniittif baallama Doktora Fayyaa qabachuu danda'an, yokan Sagantaa Doktorota Mana Barmootaa Sadarkaa Lammaffaa kanatti bilbiluudhaan baallama qabuufii dandeessa. Baallama kana irrattis yoo/yeroo barbaadametti waliin hirmaachuu dandeessa.

DOKTORRI FAYYAA (GP) MAALFAA GODHA?

Akkuma Doktoronni Fayyaa kaan hawaasa tajaajilanitti isaan kunis bartootaaf waa'ee fayyaa qaamaa fi qalbii, dhimmoota fayyaa saalaa fi hormaataa ilaalchisee tajaajila kennan. Doktoronni Fayyaa kun akka barbaachisetti wal'aansa fayyaaf gara tajjajila fayyaa kaanitti erguu malan.

Dkotora Fayyaa kana arguuf baasiin isaa Medicare keessatti herregama waan taheef tajaajila maatii keetiif baasii maallaqaa si irraa hin barbaadu.

Sagantaan kun baallama mana qorichaa durumaan maatii keetiif qabamee jiru kan bakka bu'u miti. Doktoronni Fayyyaa mana barmootaa kun mooraa mana barmootaa keessatti kunuunsa jalqabaa kennuu, fi bartoota ammatti Dokotora Fayyaa arguuf baallamaan hin jirre jajjbeessuuf yaadamee ti.

Sagantaan kun bartoota mana barumsaa sadarkaa lammafaa akkaataa itti kunuunsa fayyaa duraa argachuu danda'aniif yaadamee ti. Kanaaf, warrootni, guddistootani fi maatiin kan biroon yeroo kanatti tajaajila kana argachuu hin danda'an.

Doktoronni Fayyaa saganataa kana keessatti hirmaatan hundi fayyaa gaheessotaa fi fayyaa fi nageenya saafelootaaf (teenagers) wanneen barbaachisan akka hubataniif ni leenjisaman.

DOKOTORA FAYYAADHAAN WAL ARGUU

Walumaagala bartootni hundi Doktora Fayyaa arguudhaaf baallama qabachuu ni danda'an. Seerri Viktoriya bartootni akkamittii fi yoom akka wal'aansa fayyaa Doktoraaf hayyama ofiin kennuu danda'an ifatti kan ibsee jiru:

- Bartootni umriidhaan bilchaatan (mature minors) wal'aansa fayyaaf hayyama ofii isaanii kennuu ni danda'an.
- Bartootni umriidhaan hin bilchaatin wal'aansa fayyaaf hayyama ofii isaanii kennuu hin danda'an.

Umriidhaan bilchaatoon bartoota waggaan isaanii 18 gadi tahe, waa'ee fayyaa isaanii ilaalchisee kunuunsa fayyaa barbaaddachuuf dandeettii itti qabanii dha. Doktorri Fayyaa (GP) kan yoo barataan wal'aansa fayyaa gaafateef umuriidhaan bilchina qabaachuu barataa sanaa dursee qorata.
Kan yoo Doktorri Fayyaa mucaan kee umuriidhaan bilchaataa tahuutti hubate bakka ati hin jirretti tarii mucaa kee ilaaluu ni danda'an. Waa'ee fayyaa ilaalchisee odeeffannoo barbaachisaa tahe qabaachuu waan maltuu fi fayyaa isaanii irratti kan isaan gargartu tahuu waan hubatuuf Dkotorri Fayyaa yeroo hedduu akka ati kunuunsa fayyaa isaanii kana keessatti hirmaattu ni jajjabeessa. Kan yoo Doktorri Fayyaa mucaan kee umuriidhaan blichaataa kan hin taane tahuutti hubate baallama wal'aansa fayyaa kana hordofuu yoo barbaadde akka ati hayyamtu si irraa eegama.

Odeeffannoon irra caalu hayyama kennuu, hicitooma (confidentiality) fi wal'aansa fayyaa Doktora Fayyaatiin (GP) kennamu waraqaa odeefannoo mar-sariitee (webpage) Doktora Mana Barumsaa Sadarkaa Lammaffaa irratti hidhata (link) kana tuquudhaan argattan:
http://www.education.vic.gov.au/about/programs/health/Pages/doctors-secondary-schools.aspxt.

Yoo qurrama yokan gaafii waa'ee sagantaa Doktorri mooraa Mana barmootaa Sadarkaa Lammaffaa keessaa ilaalchiseeqabaatte mana barmootaa waliin dubbadhu.